



# Biqiltoota Manduubee







# Biqiltoota Manduubee

Leveled

Kutaa 2



Kitaabni deeggarsaa kun gargaarsa maallaqaa Dhaabbata 'USAID' irraa argameen,walta'iinsa Dhaabbata 'Save The Children', Ministeera Barnootaafi Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin qophaa'ee kan maxxanfamedha.

Bara 2008/2016



The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.


For more info please refer: <https://creativecommons.org/licenses/>




Dibaabeen qonnaan  
bulti. Isheenis biqiltoota  
manduubee dhaabdi.



Dibaabeen biqiltoota  
manduubee dhaabuuf  
jalqaba lafa qonnaa irraa  
marga cirti.



Itti fufuun sangaa  
camadattee laficha qotti.



Sana booda, lafa qotame  
irra deebitee qotuun  
bulleessiti.





Itti aansuun, lafa  
qotamee bullaa'e bo'oo  
baasti.



Dhumarratti, firii  
biqiltoota adda addaa  
irra facaafi.




Biqiltoota baalli isaanii  
nyaatamu keessaa raafuu  
dhaabdi.



Biqiltootaa hiddi isaanii  
nyaatamu immoo hundee  
diimaa, qullubbii diimaa,  
qullubbii adiifi kaarotii  
oomishiti.



Biqiltoota firiin isaanii  
nyaatamu keessaa  
ammoo timaatimaafi  
qaaraa(qeexoo) oomishti.



Dibaabeen fuduraafi  
muduraa ijoollee ishee  
soorti.



Ijoolleen Dibaabee  
fuduraafi muduraa  
waan soorataniifis fayya  
buleeyyiidha.



Dibaabeen biqiltoota  
gurguruun galii argatti.



